Smittestopp maalidha?

Smittestoppis jechuun appii Jiddugala Fayyaa Hawaasaa Nooreejiyaanii (Norwegian Institute of Public Health (NIPH)) jechuudha. Vaayirasii koroonaa hawaasa keessatti akka hin baballanne hir'isuuf gargaara. Fayyadamuu filachuu ni dandeessa.

Qorannoo taasistee akka vaayirasii koroonaa qabdu yoo kan mul'isu ta'e, karaa appichaatin namoonni biraa akka beekan taasisuu ni dandeessa. Isaan vaayirasichaaf saaxila bahanii akka turanii fii maal gochuu akka qaban irratti gorsa kennaaf. Karaa kanaan appichi namoota hedduu akka hin dhukkubsanne ittisuu danda'a. Appichi eenyumattuu akka ati dhukkubichaan qabamte hin himu.

Appii Smittestopp akkamitti bilbila kiyya irratti argachuu danda'a?

- Appicha App Store yookan GooglePlay irraa buufadhu.
- Appicha keessatti, iajaja iskiriina irra jiru hordofi.
- Waan barreeffame yoo hin hubanne ta'e, nama wa'ii akka siif ibsuuf gaafadhu.

Appiin Smittestopp akkamitti hojjata?

Yoo ati nama biraa kan bilbila appicha buufate bira geese, bilbilli mallattoo waliiff erga.

Namichi biraa vaayrasii koroonaa qaba taanan, bilbilli kee nama faalame kan biraatti dhi'aatee akka ture si yaadachiisa. Sana booda maal gochuu akka qabdu ergaa maal gochuu akka qabduu karaa appichaa siif ergama. Akkasumas ati faalamteetta taanan nama biraaf odeeffannoo kennuu yoo barbaadde murteessuu ni dandeessa.

Ergaan karaa appichaa si qaqqabeera taanan, dhukkubichaaf saaxila bahuu kee qofa dhageessa, eenyu fii eessatti utuu hin taane. Hoggantoota hawaasaas ta;ee namni dhuunfaa eenyu akka taate fii essa akka turte baruu hin danda'an.

Iccitaa'umma

- Smittestopp fayyadamuudhaf dirqama 16 ol ta'uu qabda.
- Ragaan waa'ee keetii guyyoota 14 booda utuu ati homayyuu hin goone ofiin balleeffama.
- Appicha keessatti raga wa'ee keetii yeroo kamiiyyuu balleessuu ni dandeessa.
- Appicha yeroo kamiiyyuu balleessuu ni dandeessa.

Jireenya guyyaa hundaa deebisuutti makami

FHI Folkehelseinstituttet

helsenorge.no/smittestopp

Smittestopp